# Isiin sun jecha tokko kan dhugaa irraa taate kan jinniin isii butuun gurra jaalallee isaa keessatti akka lukkuun iyyaansa isii deddeebistutti deddeebisa, kijiba dhibbaa ol isiitti maku

Aa'ishaa irraa akka odeeffametti -Rabbi isii irraa haa jaallatu- ni jette: Namoonni wohii raagdota irraa ergamaa Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gaafatani, Ergamaan Rabbiis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas isaaniin jedhani: «Isaan homaa miti» isaanis ni jedhani: yaa ergamaa Rabbii, isaan yeroo garii waa odeessanii jennaan haqa ta'a, ergamaan Rabbiis -Rabbiin rahmtaa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Isiin sun jecha tokko kan dhugaa irraa taate kan jinniin isii butuun gurra jaalallee isaa keessatti akka lukkuun iyyaansa isii deddeebistutti deddeebisa, kijiba dhibbaa ol isiitti maku».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- worra waan fagoo fuulduratti dhufu dubbatan irraa gaafatamanii, isaanitti hin dhimmaminaa, haasawa isaaniis hin fudhatinaa, dhimmi isaaniis isin hin yaachisin jedhani. isaanis ni jedhani: jechi isaanii yeroo garii qabatama jiruun wol simata, akka wonti fagoo wohii baatii akkasii fi guyyaa akkasii keessatti ni argama jechuu duubbatanii jennaan, akka isaan dubbatanitti argama. ergamaanis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: jinniin oduu samii dhaga'an irraa butanii, gara jaalalloota isaanii raagdotaatti bu'uun waan dhaga'an isaanitti himu, eegasii raagaan sun isa dhaga'e kana irratti kijiba dhibba tokko dabalee odeessa.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee